Intarpiraayizoota hojiif bobba'an ta'ee hojjettoota shanii fi isaa ol kan qacaran akkasumas waligalli kaappitaalli isaani 100,000 hanga 7,500,000 ta.e dha.

## 2.2. Sektaroota W.A.Daldala Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Oromiyaa Tajaajila Irratti Kennu

### 2.2.1. Maanufaakchariingii

**A.** Gogaa fi bu'aa isaa hojjechuu

**B.** Gogaa fi kal'ee hojjechuu

**C.** Bu'aa mukaa fi sibiilaa hojjechuu

**D.** Hojii injinariingii sibiilaa

**E.** Meeshaalee manaa fi biiroo hojjechuu

**F.** Hojii pilaastikaa fi bu'aa isaa hojjechuu

**G.** Saamunaa fi meeshaalee qulqullinaa hojjechuu

**H.** Halluu, vaarnishii fi maastishii hojjechuu

**I.** Huccuu fi kkf hojjechuu dha.

### 2.2.2. Konistiraakshinii

A. Bilookkeettii, ujummoo fi shakilaa

B. Utubaa ibsaa C. Baazoolaa

D. Teeraazoo E. Seeramikii G. Jiipsamii

H. Meeshaalee ijaarsaa fi kkf hojjechuu

### 2.2.3. Qonna

**A.** Misooma jallisii **B.** Misooma dammaa

**C.** Misooma aannanii **D.** Horsiisa lukkuu

**E.** Horsiisa qurxummii fi kkf

### 2.2.4. Bu'aa Oomisha Qonnaa Qindeessuu

A. Bu'aa aannanii qindeessuu

B. Nyaata loonii qindeessuu

C. Bu'aa lukkuu qindeessuu

D. Mi'eessituu, dawaa biqiloota irraa fi cuunfaa zayita qindeessuu

E. Bu'aa qurxummii qindeessuu

F. Zayita nyaataa cuunfuu fi qindeessuu

G. Nyaata qindeessuu

H. Daakuu oomishuu

I. Daabboo tolchuu fi kkf dha.

### 2.2.5.Tuurizimii

Tajaajila tuurizimiitiif kan meeshaalee kaappitaalaa fayyadan kanneen akka konkolaataa, yabaloo fi kkf....

### 1.3. Duudhaalee

⇒ Iftoomina

⇒ Hojii Garee

⇒ Amanamummaa

⇒ Itti Gaafatamummaa

⇒ Hirmaachisummaa

W.A.D Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Oromiyaa kallattii mootummaan kahen intarpiraayizoota maayikiroo guddattuu, xixiqqaa fi giddugaleessatiif tajaajila faayinaansii meeshaalee kaappitaalaa akka kennuuf hoggantoota mootummaa olaanoo irraa ittigaafatamummaan kennameera. Bu'uruma kanaan dhaabbatni kun intarpiraayizoota kaayyoo armaan gadiitti eeraman galmaan gahaniitiif tajaajila ni kenna.

◊ Oomisha alaa galan bakka buusuuf kan hojjetan

◊ Carraa hojii bay'inaan uumuu kan danda'an

◊ Oomisha biyya alaa fi sharafa alaa kan argamsiisan

◊ Liqaa argachuuf wabii dhiyeeffachuu kan hindandeenye keessumattuu intarpiraayizoota gidduu-galeessa dagatamanii fi

◊ Guddinaa fi jijjiirama biyyaa keessatti shoora olaanaa kan qabanii fi deeggaran

## 2. Hiikkoo fi Tajaajila Liizi Faayinaansii, Intarpiraayizoota Maayikiroo Guddattuu, Xixiqqaa fi Giddu-Galeessa

### 2.1. Hiikkoo

**A. Liizi Faayinaansii**

Liizi faayinaansii jechuun tajaajila bittaa duubee dhaabbatni meeshaalee kaappitaalaa bituun intarpiraayizoota maayikiroo guddattuu, xixiqqaa fi giddugaleessatiif dhiyeessu jechuu dha.

**B. Intarpiraayizoota Maayikiroo Guddattuu, Xiqqaa fi Giddu-Galeessa**

W.A.D Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Oromiyaa ergama qabatee jiru galmaan gahuuf sektaroota maanufaakchariingi, konistiraakshinii, hojii qonnaa fi oomisha bu'aa hojii qonnaa qindeessuu, tuurizimii, albuuda baasu fi kan kana fakkaatan irratti .........

# W.A.DALDALA FAAYINAANSII MEESHAALEE KAAPPITAALAA OROMIYAA

# ኦሮሚያ የካፒታል ዕቃዎች ንግድ አ.ማ

# OROMIA CAPITAL GOODS FINANCE BUSINESS S.C.


***Teessoo***

**Gamoo Odaa, Kaazanchiis, Finfinnee**

**Darbii 2ffaa Lakk. - 208**
**Darbii 3ffaa Lakk. - 301**

**Bilbila: + 251 11 557 1337/07**

**Fax: +251 115 57 1411**


## 1. Seensa

Waldaan Aksiyoona Daldala Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Oromiyaa dhaabbata misoomaa mootummaa ta'ee mul'ata, ergama fi duudhaalee armaan gadiitti ibsaman qaba.

### 1.1. Mul'ata

Bara 2022 A.L.I. tti dhaabbata tajaajila faayinaansii meeshaalee kaappitaalaa kennan keessaa akka Itiyoophiyaatti isa filatamaa fi moodela arguu dha.

### 1.2. Ergama

Intarpiraayizoota seektaroota adda addaa irratti hojjechuuf fedhii, beekumsaa fi dandeettii qaban garuu meeshaalee kaappitaalaa bitachuu hin dandeenyeef gatii madaalawaa ta'een tajaajila faayinaansii meeshaalee kaappitaalaa ni kenna.

**2.2.6. Misooma Albuudaa**

A. Marbilii oomishuu

B. Warqee fi albuudota mimmiidhagoo oomishuu

C. Cirrachaa fi kkf oomishuu

## 2.3. Tajaajila Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa

Dhaabbatni kun tajaajila faayinaansii meeshaalee kaappitaalaa intarpiraayizoota maayikiroo guddattuu, xixiqqoo fi gidduugaleessa akkasumas kallattii mootummaa fi dinagdee biyyaa guddisuu irratti kan hojjetaniif ni kenna.

- Dhaabbatni kun intarpiraayizoota maayikiroo guddattuu, xixiqqoo fi gidduugaleessaaf meeshaalee kaappitaalaa bituun akka oomisha isaanii dabalaniif tajaajila ni kenna.
- Gatiin bittaa meeshaalee kaappitaalaa dhimmoota barbaachisoo ta'an maashina dhaabuu, leenjii maashina irratti kennuu fi geejjiba dabalachuu ni danda'a.
- Meeshaalee kaappitaalaa biyya alaatii galaniif guyyaa maashinni ajajamee eegalee hanga walharkaa fuudhinsi gaggeeffamutti yeroo jiru fi dhaabbatni kaffaltii maashina dhiyeessaaf kaffale irratti kaffaltii tajaajilaa dabaluun kaffaltii dhala idilee wajjin ji'aan ykn ji'a sadiin akka sagantaa taa'een kaffaltiin ni raawwata.

## 2.4. Tajaajila Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Argachuuf Ulaagaa Guutamuu Qaban

Maamilli haaraan tajaajila faayinaansii meeshaalee kaappitaalaa argachuuf ulaagaa guutuu qaban:

- Iyyataan liqaaf gahaa ta'uu fi karoora daldalaa bu'aa qabeessa qabaachuu
- Iyyataan kallattii xiyyeeffannoo tartiiba lakk. 2.2. irratti eeraman irratti lakkoofsa kaffalaa gibiraa ta'uu isaa mul'isu, eeyyama daldalaa haara'e fi toora intarneetii irratti kan galmaa'e ta'uu qaba.
- Iyyataan karoora daldalaa isaa irratti beekumsaa fi hubannoo guutuu qabaachuu fi maamila hanga 5,000,000 gaaffii dhiyaatuuf karoora daldalaa qulqullinaaan dhiyaate ta'uu qaba.
- Iyyataan karoora biizinasii isaatiif bu'uraalee misoomaa mijataa fi guutuu (humna ibsaa, bakka hojii, bishaan, daandii fi kkf) qabaachuu qaba.
- Bakki hojii kan kireeffame yoo ta'e walii galtee kiraa seeraan mirkanaa'e dhiyeeffachuu qaba
- Iyyataan ragaa sanadaa dhaabbatni irraa barbaadu hunda dhiyeeffachuu fi ragaa gibira yeroon kaffaluu isaa mul'isu dhiyeeffachuu qaba.

## 2.5. Tajaajila Faayinaansii Meeshaalee Kaappitaalaa Argachuuf Kaffaltii Barbaachisu

Dhaabbatni meeshaalee kaappitaalaa malee kan biroo faayinaansii hin taasisu; karaa biraa iyyataan hojii adeemsiftuu, miindaa, bittaa galtee meeshaalee dheedhii, kiraa mana/bakka hojii, meeshaalee biiroo fi baasii kkf hin haguugu

- Dhaabbatni kiraa olaanaa meeshaalee kaappitaalaa dhibbantaa 80 fi kireeffataan dhibbantaa 20 ni haguuga.
- Kireeffataan gatiin maashinaa erga beekamee booda fi waliigalteen otoo hin mallatta'iin dura dhibbantaa 20 lakkoofsa herreegaa cufaa dhaabbatni bane irratti galii ni taasisa. Hirmaannaan kireeffataa galii otoo hin ta'iin bittaan hin raawwatu

## 2.6. Kaffaltii Tajaajilaa

- Kireeffataan kaffaltii tajaajila liizii akkaataa sagantaa kaffaltii taa'ee ji'aan ykn ji'a sadiin kaffaluu qaba
- Kaffaltii tajaajila liizi faayinaansiii waggaatti dhibbantaa 15 shallagamee kan hir'isaa deemu ni raawwata.

## 2.7. Adeemsa Bittaa Meeshaalee Kaappitaalaa

- Adeemsi bittaa meeshaalee kaappitaalaa kan raawwatu yommuu kireeffataan filannoo, gatii fi ulaagaa maashinni ittiin bitamu dhiyeeffatu bu'ureeffachuun.
- Dhaabbatni tajaajila gorsaa filannoo kireeffataa irratti kan kennu ta'us bittaa maashina bitamu irratti hanqina qulqullinaa mudatuuf itti gaafatamummaa kan hin fudhanne ta'uu fi kireeffataan kaffaltii isaa barbaadamu kaffaluu dhiisuuf sababa kan hin taane ta'uu
- Dhaabbatni dhiyeessaa maashinni irraa bitame hanga kireeffataan maashinni qaqqabuu fi dhaabbatuutti ni horдofa, kan hojjetu ta'uu isaas mirkaneessuun kireeffataaf ni dabarsa /kenna.

## 2.8. Suphaa fi Wabii Uwwisa Inshuuraansii Meeshaalee Kaappitaalaa

- Maamilli /kireeffataan maashina kireeffate eeguu fi kunuunsuu qaba
- Maamilli /kireeffataan waliigaltee barreeffamaa fi beekumtii dhaabbataan ala maashina dhimma biraa ittiin hojjechuu hin danda'u
- Maamilli /kireeffataan sagantaa taa'ee jiruun maashinni tajaajila suphaa maashinaa beekumtii qabutti ilaalamuu fi suphamuu qaba
- Maamilli /kireeffataan maashina kireeffate maqaa dhaabbata kanaan uwwisa inshuuraansii galuu qaba; hanga waliigalteen kiraa maashinaa dhumutti uwwisni inshuuraansii yeroo yerootti kaffaltii raawwachuun dheerachuu qaba

## 2.9. Yeroo Kaffaltii Haadhoo fi Dhalaa

- Yeroon kaffaltii kan murtaa'u baasii fi galii karoora daldalaa akkasumas bara hojii maashinaa ta'ee garuu barri kiraa maashinaa waggaa jaha kan caalle dha
- Kaffaltiin tajaajilaa (dhalaa) kaffaltii haadhoo wajjin sagantaa yeroo kaffaltii taa'een kaffalamuu qaba

## 2.10. Hamma Kiraa

- Maamila /kireeffataa tokkoof yeroo tokkootti ykn yeroo garagaraatti maallaqni bittaa maashinaaf oolu qarshii 5,000,000 kan caalle yoo ta'u,; innis intarpiraayizoota sadarkaa maayikiroo guddattuu, xixiqqoo fi gidduugaleessaaf kan kennamu dha
- Maamila /kireeffataa tokkoof yeroo tokkootti liqaan meeshaalee kaappitaalaa gatii qarshii 50,000 gadi hin kennamu

## 2.11. Teessoo Damee Dhaabbata Keenyaa


* Burayu - 0112604444 * Ambo - 0112609310
* Sebeta - 0113662727 * Waliso - 0113664317
* L/Tafo - 0118932434 * Jimma - 0478119161
* Bishoftu - 0118487031 * Metu - 0471411993
* Adama - 0228119169 * Nekemte- 0578619280
* Shashamane- 0462115171 * Gimbi - 0577712310
* Asella - 0228319044 * Fiche - 0111609178
* Haramaya - 0258611493